# Qeerroon Bilisummaa Oromoo Dawwaannaa Presidentiin America Obamaan Gara Ethiopiatti Godhu Ilaalchisuun Ibsa Gabaaba Dabarse.

Uummatni keenya Uummatni Oromoo fi sabootni cunqurfamoon biyya Impaayera Itiyoophiyaa mirga uumaamaan qabnuu fi mirgoota Dimookiraasii Mootummaan EPRDF/TPLF afaan qawween nurraa mulqee; mootummaan kun filanoo keenyaa fi fedhii keenya malee mootummaa humna afaan qawween mirga keenyaa ukkamsaa jiruu fi diinagdee fi capitala  biyyatti aangawoota mootummaa EPRDF/TPLF'n to'atamee kan jiruu fi bu'uurri dinagdee biyyatti keessatti argamuu addatti gamoowwaan Finfinnee keessatti argamanii  fi Warshaaleen biyyatti keessatti argamuu 90% kan aangawoota mootummaa abbaa irree Wayyaanee EPRDF/TPLF'n qabame jirudha.

Uummatni gidduu fi gara gajjallatti argamuu waan nyaatee bulu dhabee beelaa fi rakkoo jiruuf jireenyaan dararama kan jiruu fi biyyatti keessatti qabinsi mirga namummaa fi dimookiraasii gonkumaa kan hin jirre ta'ee utuu jiruu mootummaan Ameerikaa Baarak Obamaan Biyya kana dawwachuu dhufuun uummattoota cunqurfamoo sirna abbaa irree jalatti bulaniif fakkeenyaa abdii dimokoraasiif biyyooti guddatan warraaqan harkatti bisheesa.

Qabxiiwwaan armaan olitti tuqaman yaada keessa galfachuun Oromoonni biyya alaa fi keessa jiran aangawooti mootummaa Ameerikaa akka sirni dimikaaratawaan biyya Itiophiyaa keessa hin jirree fi mirgi dhala namaa jaarraa tokkoo oliif gara malee,

Haala kanaa jilli imala gara Ithiopiyaatti sosso'u qabxiileen  armaa gadii akka qoratamuu fi haala kana keessa akka irratti xiyyeefatnaan taasisuuf uummanni Oromoo biyya alaa fi keessaa bifa dandayaanee akka dhiibbaa taasisee sagalee dhageessitu gaafatna.

1. Manneen hidhaa biyyaatti keessatti argaman Qaallittii fi Mana dhalli namaa keessatti Torture ta'u Maa'ikalawwii akka dawwaatani fi hidhamtoota Siyaasaa achii keessatti argaman akka Dubbisan,

2. Ilmaan Oromoo miliyoonaan lakka'aman ilaalcha siyaasaa fi Oromummaan yakkamanii   Manneen hidhaa biyyatti Maa'ikalawwii, Qaallittii, Qilinxoo, Ziwaay, Shaawaa Roobit, Amboo, Naqentee(Jaatoo), Dhidheessa, fi Oromiyaa bakkoota garaagaraatti hidhamanii jiran yoo xiqqatee Qondaaloota Ameerikaa Barak Huseen Obaamaa waliin Socho'aniin akka dubbifaman gadi Jabeessinee gaafatna.

3. Hidhamtootni Siyaasaa Oromoo Oromummaa fi Gaaffii mirgaa karaa nagaa fi Dimookiraasii waan gaafataniif hidhamanii fi Gaazexessitootni dhuunfaa hidhamanii dararama jiran hubachuun mootummaan Ameerikaa dhiibbaa godhee akka hiikaman gadi jabeessuun gaafatna.

4. Aangawootni mootummaa Wayyaanee ajaja mataa ofiin yeroo garaa garaatti Barattoota Oromoo,Barsiisota fi uummata Oromoo jumlaan Ajjeessaa turan, addatti immoo bara darbe Ebla 2014 Barattoota Oromoo fi Uummata Oromoo gaaffii mirgaa fi Dimookiraasii karaa nagaa gaafatan irratti loltoota Agaazii jedhamuun beekaman ajaja Mootummaa Federaalaa Ethiopian EPRDF/TPLF'n irra darbeen Uummata nagaa irratti waraana banuun Oromoo irratti gaggeeffamee namootni 98 olitti lakka'aman kan manguddootni ganna 80 fi

daa’imman ganna 7 kanneen keessatti argaman mootummaa kanaan ajjeefamaniru. Yakka kana Mootummaan Ameerikaa hubachuun Mootummaa Ethipia irra qoqqobbii siyaasaa, fi dinagdee  kaa’uu qaba.

5.  Mootummaan Ethiopia EPRDF/TPLF  maqaa Master Plan Finfinnee jedhuun uummata Oromoo abba Qe’ee, fi Lafaa, lafaa fi qe’ee isaa irraa buqqisuun , uummatichi qe’ee fi qabeenyaa isaa dhabee kadhatee rakkatee akka jireenya gadaadoo jiraatuu fi  Afaan, aadaa fi Mappiin Oromiyaa akka diigamtuuf itti yaadamee uummata keenyaa balleessuuf ta’uu mootummoota Addunyaa fi Ameerikaatti ni beeksifanna.

6. Biyyatti Ethiopia amma Mootummaa EPRDF/TPLF’n gaggeeffama jirtu keessatti Mirgootni Namummaa Dimookiraasii, mirgootni press, mirgi gurmaa’uu fi mirgi walaba ta’anii yaada ofii ibsachuu fi dhaaba siyaasaa fedhan deeggaruu afaan qawween ukkanfamee waan jiruuf  Mootummaan Ameerikaa mirgoota kanneeniif wabii dhaabbachuun mirgootni namummaa fi Dimookiraasii ifatti akka kabajaman tarkaanfii fudhachuu qaba.

7.Filannoon dimookiraatawaa dhugaa fi haqa qabeessa ta’ee biyya Ethiopia keessatti takka gaggeeffamee kan hin beeknee ta’uu ibsuun mootummaan Ethiopia filannoo marsaa shan gaggeesse hundaa sagalee uummata biyyaatti saamee, humnaan waliin dhahee fedhii uummataa malee humnaan deddeebi’ee aangoo qabachaa turee fi filannoo keessatti mirgi namummaa fi dimookiraasii ajjeefame ta’uu akka hubatamu.

Kanneen jedhan Qeerroon bilisummaa Oromoo dabarsa.

Gadaan Gadaa Bilisummaati!

Injifatnoon Uummata Oromoof!